

Marga Coomoo (*Brachiaria humidicola*) lafa borqate bayyaanachiisuu fi rirma ittisuuf



Wabii: EECMY-DASSC
Marga Coomoo lafa borqate irrati

Ibsaa:

- Marga Coomoo marga jirma jaba qabuuf lafa uuwwisee wagga lama ol jiraatuudha.
- Marga Coomoo jirma isaa lafa irra yaasuudhan hidda isaa ijoo gara jala irra biqilche lafa qabachiiffata..

Taamsa'inna fi Naannoo itti argamu:

- Afrikaa qofaati argama, keessattuu naannoolee kibba Sudaan, Itoophiyaa, kaabaa hanga kibba Afrikaati fi kibba Namibiyaatti argama.
- Itoophiyaa keessatti lafa borqate fi rimaan hubame aanaa Mandi ykn Manasibuu keessatti tole argameera.

Akaakuu biyyoo Coomoo ta'u:

- Biyyoo gosa adda addaa kan akkadhangaga'a (pH 3.5) fi biyyoo xa'oo gad-aanaa qabu kaase, hanga biyyoo suphee fi ciracha ashaboowwa irratti guddachuu ni danda'a.

Jidhinaa: Lafa Coomoon itti beekamu, bakka waggaatti rooba 600–2800 mm argatudha. Garuu lafa roobaa mm 1600 gad qabu fi lafa hongeen ji'oota 6 ol turuti sirriitti hin hin latu.

Olka'insa lafa fi ho'aa naannoo: iddoolee margi kun jalqaba itti argameti, keessattuu lafa nannoo mudhii Afrikaa olka'iinsa meetra 2400 qabutti margi kun ni biqila. Garuu gara naannoo olka'iinsa lafa meetra 1000 tisbabalaachuu ni danda'a.

- **Ifa adu:** margi Coomoo ifa gahaa barbaada garuu gaadisa hanga woyii dandamachuu ni danda'a.

Faayidaisaa:

- Dheedicha marga dhaabataf, ittisaa biyyoo fi bishaani fi arama to'achuuf nifacaa, Okaa horii fi to'aanna ramoollee hundee biqiltuu/midhaani/ nyaataniif ni gargaara,
- Lafa borqate naannoolee jiidhiinsa qabanii fi biyyoon isaani dhangaga'aa ta'ee fi rirman weeraramaan deebisee ni bayyanachiisa.

Biqilchuu:

- Yoo wal-irraa meetra 1 × meetra 1 e'ege faca'e Coomoon jirma murame irra dadafee ni babal'ata.
- Sanyiin Coomoo erga sassaabame hanga ji'a jahaati hin biqilu. Kanaafu ykn kuusamu ykn immoo asiidan yaalame dhaabamu qaba.
- Bittiinsuun yoo kan facaafamu ta'e lafa qonnaa haala gaariin qophaayee sanyiin kiiloo 2–8 ta'u hektaara tokkoof ni ga'a.
- Coomoon lafa xa'uumaan isaa gad-aanaa ta'e irrattis ni madaqa garu xa'oo N fi Piis yoo argatee ni tola.
- Coomoon biqiltuu gosa nyaata baala wajjin waliin hin ta'u, garuu sanyiiwwan goosa marga baala lafa irra ya'aan wajjiin walmijjatu.
- Coomoon rirma sirritti ni dandamata.

Amala arramumma:

- Margoota gosa biroo weerare ni dhunfata.
- Coomoon amala weerara ijaa qabuuf daagaa irraa dhaabamu hinqabu.

Qabiyyee nyaata: Baali isaa jabaata fi kan hin allanfatannee yoo ta'e ilee qabiyyeen nyaataisaa gaariidha (CP % 5–17) ofkeessa qaba.

Fudhatamina(mi'aa qabiinsa):

- Yoo baala ta'eef gaggabaabate mumurame salphaati ni nyaatama. Garu, lafa borqii fi biyyoo dhangaga'a irrati yoo biqile mi'aa qabbaanisaa gadaana ta'a.

Omishtummaa:

Omisha Goga: Omishni marga Coomoo xooma lafa irratti hunda'a. Kanaaf omishniisaa hektaara irra waggaati toonii 7–34ti ni argama.

Omisha Sanyii: Lafaa hektaara tokko irraa sanyiin kiiloo-giraama 80–500 akka guuramu danda'u gabaffameera.

Ciminaa Coomoo:

- Biyyoo/lafa/ borqate irrati ni madaqa Yoo murame dhaabbate dafe lafa qabate baayata
- Amala arama naannoo isaa jiru hacuuccuf dhaalu ni qaba.
- Lafa dheedichi itti baayatutiileedadafe lafa uffisaa.
- Margi Coomoo heektara tokko irraa horii hedduun akka dheedan fi ulfinaa guddaa akka argatan ni gargara.

Hanqinaa:

- Margi Coomoo hoolaaf mi'aa hinqabu ykn hinnyaatamu.
- Margoota baala wajjin ooyru tokko irrati guddisuun ni ulfaata.
- Qulqullina marga Coomoo eeguuf yeroo yerooti dheechisuu ykn haamuun ni barbaachisa.
- Dhukubba waagiif saxilamaadha.
- Qorra damdamachuunisaa gadaanadha.

Kitaable Wabii

- Chippendall, L.K.A. 1955. A guide to the identification of grasses in South Africa. In: Meredith, D. (ed). *The grasses and pastures of South Africa*.
- Chippendall, L.K.A. and Crook, A.O. 1976. *Grasses of South Africa*. Vol. 1 Part 126 *Brachiaria humidicola* (Rendle) Schweick.
- CIAT. 1992. *Pastures for the tropical lowlands*. Cali, Colombia: CIAT.
- CSIRO; CIAT; ILRI. 2005. *Brachiaria humidicola. Tropical forage fact sheet*.
http://www.tropicalforages.info/key/Forages/Media/Html/Brachiaria_humidicola.htm.
- Diriba, G., Mekonnen, H., Ashenafi, M. and Dugna, T. 2012. Herbage yield, species diversity and quality of native grazing land vegetation under subhumid climatic conditions of western Ethiopia. *E3 Journal of Agricultural Research and Development* 2(4):96–100.
- Lenne, J.M. and Trutmann, P. (eds). 1994. *Diseases of tropical pasture plants*. Wallingford, UK: CABI.
- Miles, J.W., Maass, B.L. and do Valle, C.B. (eds). 1996. *Brachiaria: Biology, agronomy and improvement*. Cali, Colombia: CIAT.
- Schultze-Kraft, R. and Teitzel, J.K. 1992. *Brachiaria humidicola* (Rendle) Schweick. In: Mannetje, L.'t. and Jones, R.M. (eds), *Plant resources of South-East Asia No. 4. Forages*. Wageningen, the Netherlands: Pudoc Scientific Publishers. pp. 62–64.
- Thomas, D. and Grof, B. 1986. Some pasture species for the tropical savannas of South America. III. *Andropogon gayanus*, *Brachiaria species* and *Panicum maximum*. *Herbage Abstracts* 56:557–565.



The Nile Basin Development Challenge (NBDC) is funded by the CGIAR Challenge Program on Water and Food (CPWF). It aims to improve the resilience of rural livelihoods in the Ethiopian highlands through a landscape approach to rainwater management. It comprises five linked projects examining: 1) learning from the past; 2) developing integrated rainwater management strategies; 3) targeting and scaling out of rainwater management innovations; 4) assessing and anticipating the consequences of innovation in rainwater management systems; and 5) catalysing platforms for learning, communication and coordination across the projects.

The NBDC is implemented by a consortium comprising the International Livestock Research Institute, International Water Management Institute, World Agroforestry Centre, Overseas Development Institute, Nile Basin Initiative, Stockholm Environment Institute, Ethiopian Economic Policy Research Institute, Catholic Relief Services–Ethiopia, Oromia Regional Agricultural Research Institute, Amhara Regional Agricultural Research Institute, Bahir Dar University, Ambo University, Wollega University, the Ministry of Agriculture and the Ministry of Water and Energy.

Prepared by: Abera Adie and Alan Duncan.
<http://www.nilebdc.org>